# ERGAA PHAAWULOOS
# GARA WARRA QOLOOSAAYISIITTI ERGE

1 Phaawuloos isa fedhii Waaqayyootiin ergamaa Kiristoos Yesuus ta'ee fi obboleessa keenya Ximootewoos irraa;

[2]Gara qulqullootaa fi obboleeyyan Kiristoositti amananii[a] Qoloosaayis keessa jiraataniitti;

Abbaa keenya Waaqa biraa ayyaannii fi nageenni isinii haa ta'uu.

**Galataa Fi Kadhannaa**

[3]Nu yommuu Waaqa isinii kadhannutti, Waaqa, Abbaa Gooftaa keenna Yesuus Kiristoosii yeroo mara ni galateeffanna; [4]Amantii isin Kiristoos Yesuusitti qabdanii fi jaalala isin qulqulloota cufaaf qabdan sana dhageenyeeraatii. [5]Kunis sababii abdii samii keessatti isinii kuufame sanaatiifi. Isinis waayee abdii kanaa duraan dursitanii dubbii dhugaa wangeela keessatti dhageettaniirtu. [6]Wangeelli sunis isin bira gayeera. Innis akkuma gaafa isin isa dhageessanii fi gaafa isin ayyaana Waaqayyoo dhugumaan hubattanii jalqabee isin jidduutti firii[b] godhachaa fi guddachaa jiru addunyaa mara keessattis firii godhachaa akkasumas guddachaa jira. [7]Kanas tajaajilaa[c] jaalatamaa nu wajjiin hojjatu Ephaafiraa irraa dhageessaniirtu; innis Kiristoosiif tajaajilaa amanamaa ta'ee bakka[d] keenya kan bu'ee dha; [8]Inni waayee jaalala hafuurri[e] isinii kenne sanaas nutti himeera.

[9]Sababii kanaaf nu gaafa waayee keessan dhageennee jalqabnee yeroo hunda Waaqa isinii kadhanna; akka Waaqayyo beekumsa fedhii isaatiin, qaroomaa fi hubannaa hafuurri kennu hundaan isin guutuuf ni kadhanna. [10]Kunis akka isin hujii dansaa maraan firii godhachaa, Waaqa beekuudhaanis guddachaa, jireenya Gooftaan jaalatuufi kan karaa maraan isa gammachiisu jiraattaniifi. [11]Isinis akka garaa baldhinnaa fi obsa guddaa qabaattaniif, akkuma humna isaa ulfinna-qabeessa sanaatti ciminna maraan ni jabeeffamtu; gammachuudhaanis, [12]Waaqa Abbaa kan akka isin mootummaa ifaa keessatti qulqulloota waliin dhaala keessatti hirmaattani isin dandeessise sana ni galateeffattu. [13]Inni aangoo[f] dukkanaa jalaa nu baasee gara mootummaa ilma isaa jaalatamaatti nu dabarseeraatii. [14]Ilmi isaa

[a]2 ykn *dhugeeffatanii*; [b]6 ykn *midhaani*; [c]7 ykn *hojjataa*; [d]7 ykn *fulaa*; [e]8 ykn *ayyaanni;* [f]13 ykn *jabeenna*

kunis isa nu karaa isaatiin furama argannee dha; furamni kunis dhiifama[g] cubbuu keennaa ti.

### Kiristoos Waan Hundaa Ol ta'uu Isaa

15Inni fakkaattii Waaqa ijatti[h] hin muldhannee ti; uumama cufaan duras hangafa. 16Wanni martinuu jechuunis wanni samii keessaa fi lafa irraa, wanni ijaan argamuu fi wanni ijaan hin argamne, teessowwanis ta'an yookaan humnoonni yookaan bulchitoonni yookaan aangoowwan hundinuu isumaan uumamaniitii; isaaf uumamanis. 17Inni waan mara dura jira; wanni martinuu isumaan walitti qabamee dhaabata. 18Inni mataa nafa isaa jechuunis mataa waldaa kiristaanaa ti; akka waan cufa irratti bakka ol-aanaa qabaatuufis inni kan jalqabaa ti; jechuunis warra du'an keessaa kaafamuudhaan hangafa. 19Waaqayyos akka guutamni Waaqummaa isaa isa keessa jiraatu jaalateeraatii. 20Karaa dhiiga ilma isaa kan fannoo irratti dhangala'e sanaatiinis nagaya buusee waan lafa irraas ta'u yookiin waan samii irraa hunda ufitti araarsuu jaalateera.

21Isinis duri sababii amala keessan hamaa sanaatiif Waaqa irraa fagaattanii yaada keessaniinis diinota[i] turtan. 22Amma garuu qulqulloota hirdhinna hin qabnee fi warra hin tuffatamne godhee uf dura isin dhaabuuf karaa ilma isaa kan nafa fooniitiin du'e sanaatiin ufitti isin araarseera. 23Kunis yoo isin amantii keessaniin itti fuftan, yoo jabaattanii dhaabattanii fi yoo isin abdii wangeelaa irraa hin sochoone qofa ta'a. Wangeelli kunis isuma isin dhageettanii fi isuma samii gaditti uumama maratti lallabamee dha; ani Phaawuloosis wangeeluma kanaaf tajaajilaa ta'eera.

### Phaawuloos Waldaa Kiristaanaatiif Dadhabuu Isaa

24Ani amma waayee keessaniif jedhee cinqamuu kiyyatti nan gammada; waan dhiphinna Kiristoosi nafa isaatiif jechuunis waldaa kiristaanaatiif jedhee dhiphate sana keessaa hirdhates ani foon kiyyaan dhiphachuudhaan nan guuta. 25Ergama Waaqayyo natti kenneen ani akka dubbii Waaqayyoo guutummaatti isinii dhiyeessuuf tajaajilaa waldaa Kiristaanaa ta'eera. 26Dubbiini kunis icciitii[j] bara dheeraaf dhaloota baay'ee jalaa dhoffamee turee dha; amma garuu qulqulloota isaatti muldhifameera. 27Badhaadhummaan ulfinna icciitii kanaa namoota ormaa jidduutti hagam guddaa akka ta'e Waaqni qulqulloota

[g]14 ykn *haraarama;*[h]15 ykn *ilatti;* [i]21 ykn *nyaaphota;* [j]26 ykn *dhossaa*

isaatti muldhisuu jaalateera; dhossaan kunis Kiristoosi isa isin keessa jiruu dha; Kiristoosis abdii ulfinnaa ti.

[28]Nus akka nama mara Kiristoositti bilchaataa goonee dhiyeessinuuf, tokkoo tokkoo namaa ogummaa maraan gorsuu fi barsiisuudhaan kiristoosin lallabna. [29]Anis akkuma humna isaa kan ciminnaan na keessatti hojjatu sanaatti carraaqaa kaayyoo kanaaf nan hojjadha.

2 Akka ani isiniif, warra Lodooqiyaa jiranii fi warra qaamaan[k] na hin argin cufaafis jedhee hagam guddisee dadhabaa jiru isin akka beettan nan barbaada. [2]Kaayyoon kiyyas akka garaan isaanii jajjabeeffamee isaanis jaalalaan tokko ta'anii dha; kunis akka isaan icciitii[l] Waaqayyoo jechuunis Kiristoosin beekanii fi akka badhaadhummaa hubannaa guutuu qabaataniifi. [3]Badhaadhummaan ogummaa fi beekumsaa hundinuus Kiristoos keessatti dhoffamee jira. [4]Anis akka namni tokkoyyuu afaan miyeeffatee isin hin gowwoomsineef waan kana isinitti hima. [5]Ani yoo qaamaan isin irraa fagaadhellee waan hafuuraan isin bira jiruuf, isin hagam sirna[m] qabeeyyii akka taatanii fi amantiin[n] isin Kiristoositti qabdanis hagam cimaa akka ta'e arguu kiyyaaf nan gammada.

**Jireenna Guutuu Kiristoos Keessatti Argamu**

[6]Kanaaf akkuma Kiristoos Yesuus Goofticha fudhattanitti isatti jiraadhaa. [7]Akkuma barattan sanatti hundee[o] keessan isa keessatti gadi fageeffadhaatii isa irratti ijaaramaa; amantii keessanittis jabaadhaa dhaabadhaa; galata guutee dhangala'us qabaadhaa. [8]Eennuyyuu akka barsiisa waayee kiristoos irratti hundeeffame dhiisee falaasama[p] faayidaa hinqabneefi qowwoomsaa, kan barsiisa namaatiifi qajeelfama addunyaa kanaa irratti hundeeffameen akka isin hin boojine uf eeggadhaa.

[9]Guutamni Waaqayyummaa martinuu nafaan isa keessa jiraataatii. [10]Isinis Kiristoos isa humnaa fi aangoo[q] cufa irratti mataa ta'e sanaan guutuu taataniirtu. [11]Isumaanis foon cubbamaa ta'e sana ufirraa gattanii gadoomtaniirtu[r]; gadoomni kunis gadooma harka namaatiin hojjatame otoo hin ta'in kan Kiristoosiin hojjatamee dha. [12]Isinis cuuphaadhaan isa wajjiin awwaalamtaniirtu; humna Waaqayyoo kan Kiristoosin warra du'an

[k]1 ykn nafaan; [l]2 ykn dhossaa; [m]5 ykn *aadaa* ; [n]5 ykn *dhugeeffachaan*; [o]7 ykn *yayyaba;* [p]8 ykn *waan haaraya baruuf waa qorachuu*; [q]10 ykn *guddinna;* [r]11 ykn *qabaanqabaa/dhagna qabaa*

keessaa kaasetti amanuu keessaniinis cuuphaadhuma sanaan isa wajjiin du'aa kaafamtaniirtu.

[13]Isinis cubbuu keessanii fi foon keessan cubbamaa sanaaf yeroo dhagna qabaa dhabuu keessaniin duutanii turtanitti Waaqayyo Kiristoos waliin jiraattoota isin godheera; cubbuu keenna cufas nuu dhiiseera[s]. [14]Innis katabbii seeraa kan nuun mormuu fi diina[t] keenna ta'e sana haaqee misimaaraan fannoo irratti fannisee karaa irraa balleesseera. [15]Innis humnootaa fi aangoowwan fannoodhaan moo'ate qullaa isaan hambisee ifa baasee uummatatti isaan agarsiise.

[16]Kanaaf eennuyyuu waan nyaattaniin yookaan waan dhuddaniin yookaan waayee jilaatiin[u] yookaan waayee baatiitiin yookaan waayee sanbataatiin isinitti hin murini. [17]Isaan kunneen gaaddiduu waan dhufuuf jiruuti; inni dhugaan garuu Kiristoos keessatti argama. [18]Namni sobee gadi uf-qabuu fi maleekkota waaqeffachuu jaalatu kamiyyuu badhaasa isin hin dhabsiisin; namni akkasii waan arge mara baay'isee odeessaa, waan dubbatuufis otoo sababii gahaa hin qabaatin yaada foon isaatiin uf tuula. [19]Innis mataa isa nafti guutuun ittiin soorame, hiddaa fi ribuu isaatiinis walitti hidhamee guddinna Waaqa irraa argatuun guddatu sana irraa citeera.

[20]Isin erga Kiristoos waliin ittiin qajeelfama bu'uuraa kan biyya lafaa kana jalaa duutanii, yoos maaliif akka waan ammayyuu kan addunyaa taataniitti jiraattu ree? Maaliifis sirna isaatti jiraattu ree? [21]Innis, "Harkaan hin qabatin! afaaniin hin qabini! hin tuqin!" jedha. [22]Isaanis waan ajajaa fi barsiisa namaa irratti hundeeffamaniif yeroo hujii irra oolanitti ni badu. [23]Sirni kunis dhugumaan uf dirqisiisuun[v] waaqeffachuu isaanii, gadi uf-qabiisa sobaatii fi foon isaanii miidhuu isaaniitiin bifa ogummaa qaba; hawwii foonii dhowwuuf garuu faayidaa tokkollee hin qabu.

### Qajeelfama Jireenya Qulqulluu

3 Egaa isin eegii Kiristoos wajjiin kaafamtanii waan samii irra jiru kan mirga Waaqayyoo bakka[w] Kiristoos taa'u sana jiru barbaadaa. [2]Waayee waan samii irraa yaadaa malee waayee waan lafa irraa hin yaadinaa. [3]Duutaniirtuutii; jireenni keessanis Kiristoosi waliin Waaqa keessatti dhoffameera. [4]Yommuu Kiristoos inni jireenya keessan ta'e sun muldhatutti isinis isa wajjiin ni muldhatu.

[5]Kanaaf hawwii biyya lafaa isa

[s]13 ykn *haraarame;* [t]14 ykn *nyaapha;* [u]16 ykn *cidhaatiin;* [v]23 ykn *giddeessuun/ danquun;* [w]1 ykn *fulaa*

isin keessatti hojjachaa jiru hundumaa ajjeesaa; kunis halalummaa[x], xuraawummaa, dharraa foonii, hawwii hamaa fi sassata[y]; Sassanni kunis waaqa tolfamaa waaqeffachuu dha. **6**Sababii kanaafis dheekkamsi Waaqaa warra hin ajajamne irratti ni dhufa. **7**Isinis jireenna duri jiraattan keessatti karuma akkasii irra dedeebi'aa turtani. **8**Amma garuu waan akkasii mara jechuunis: aarii, dheekkamsa, hameennaa fi maqaa nama-balleessuu ufirraa fageessaa; dubbiin nama qaaneessus afaan keessanii hin ba'in. **9**Sobas walitti hin dubbatinaa! namummaa keessaan isa moofaa[z] sana hujii isaa waliin ufirraa baaftanii gattaniirtuutii; **10**Namummaa haaraya kan beekumsa fakkaattii Waaqa isa uumeetiin haaromfamaa jirus uffattaniirtu. **11**Sababii kanaaf, nama Girikii yookiin Yihuudii, nama qabaanqabaa qabate[a] yookiin kan hin qabatin; wallaalaa, iskuteesii, garba yookiin bilisa[b] jechuun asi hin jiru; Kiristoos garuu hunduma; hunduma keessas jira.

**12**Kanaaf isin akkuma warra Waaqayyoof filatamtanii qulqullaaanii fi jaalatamaniitti, garaa laafummaa, dansummaa, gadi uf qabiisa, garraamummaa[c] fi obsa qabaadhaa, **13**wal-danda'aa; yoo komii[d] tokkollee walirraa qabaattan walii dhiisaa[e]; akkuma Gooftaan isinii dhiisetti isinis walii dhiisaa. **14**Kana hundumaa irrattis jaalala waan hundumaa tokkummaa hirdhinna hinqabneen walitti hidhu qabaadhaa;

**15**Nageenni Kiristoosi kan isin akkuma kutaa nafa tokkootti itti waamamtan sun garaa keessan keessatti haa moowuu; warra galateeffatanis ta'aa. **16**Dubbiin Kiristoosi guutummaatti isin keessa haa jiraatuu; ogummaa maraan wal-barsiisaa; wal- gorsaas; garaa keessan keessattis Waaqa galateeffachaa faarfannaa[f] faarfadhaa; weedduu galataa weeddisaa; faaruu hafuuraas dhageessisaa. **17**Dubbiinis ta'u yookaan hujiidhaan, waan hojjattan kamiyyuu karaa Gooftaa Yesuusiitiin Waaqa Abbaaf galata dhiyeessaa waan cufa maqaa Gooftaa Yesuusiitiin hojjadhaa.

### Qajeelfama Maatiin Kiristaanaa Ittiin Jiraattu

*3 : 18 - 4 : 1 Kwf ⇒ Efs 5 : 22 - 6 : 9*

**18**Yaa niitotaa; akka malutti dhiirsota keessaniif ajajamaa; kun Gooftaa biratti jaalatamaadhaatii.

**19**Yaa dhiirsotaa, isinis niitota

[x]5 ykn *hawadii;* [y]5 ykn *sabdooma;* [z]9 ykn *dullacha;* [a]11 ykn *gadoome/dhagna qabate;* [b]11 ykn *balchaa*; [c]12 ykn *garaa toliisa;* [d]13 ykn *milluu;* [e]13 ykn *haraaramaa;* [f]16 ykn *faaruu*

teessan jaaladhaa; ittis hin hammaatinaa.

[20]Ijoollee, waan hundumaan abbootii fi haawwan keessaniif ajajamaa; kun Gooftaa gammachiisaatii.

[21]Yaa Abbootii, isinis akka ijoolleen keessan abdii hin kutanneef tuttuxxanii isaan hin aarsinaa.

[22]Yaa garbootaa, isinis warra fooniin gooftota keessan ta'aniif waan maraan ajajamaa; kanas akka warra nama gammachiisuuf jedhanii ija[g] ilaallachaa hojjataniitti otoo hin ta'in garaa qulqulluu fi sodaa Gooftaatiin hojjadhaa. [23]Waan hojjattan cufa akka waan namaaf hojjattaniitti otoo hin ta'in akka waan Gooftaaf hojjattaniitti garaa guutuun hojjadhaa.

[24]Kunis sababii isin akka Gooftaa biraa badhaasa dhaalaa argattan beettaniifi; inni isin tajaajiltanis[h] Kiristoos Gooftaa dha. [25]Namni balleessaa hojjatu kamiyyuu gatii hujii isaa ni argataatii; nama wal-caalchisuunis hin jiru.

4 Yaa Gooftotaa, isinis akka samii irraa Gooftaa qabdan waan beettaniif, garboota keessan karaa qajeelaan, otoo walhincaalchisin bulchaa.

**Gorsa Ida'ame**

[2]Kadhannaatti jabaadhaa; warra galata galchanis ta'aatii dammaqaa Waaqa kadhadhaa. [3]Dhossaa Kiristoosi kan ani isaaf jedhee hidhamee jiru sana akka lallabnuufis akka Waaqni dubbichaaf balbala nuu banu nuufis kadhadhaa. [4]Anis akka narraa eegamutti ibsee akka lallabuu danda'uuf Waaqa naa kadhadhaa. [5]Carraa[i] qabdan hundumaatti sirriitti[j] fayyadamuudhaan warra hin amaniin[k] waliin ogummaan jiraadhaa. [6]Nama maraafis akkamitti akka deebii kennitan akka beettaniif dubbiin keessan yeroo mara ayyaanaan kan guutame, soogiddaanis kan miyeeffame haa ta'uu.

**Dhaamsa Nagayaa Kan Dhumaa**

[7]Tikiqqoos oduu waayee kiyyaa cufa isinitti ni hima; inni obboleessa jaalatamaa, tajaajilaa[l] amanamaa fi nama hujii Gooftaa keessatti na waliin tajaajiluu dha. [8]Anis akka isin haala nu keessa jirru beettanii fi akka inni garaa keessan jajjabeessuuf jedhee gara keessanitti isa ergeera. [9]Innis obboleessa keenya amanamaa fi jaalatamaa isa garee keessan keessaa tokko ta'e Onesimoosi wajjiin dhufa; isaanis waan asitti ta'aa jiru hundumaa isinitti himu.

[10]Arisxaarkoos inni na waliin hidhamee jiru nagaya isinii

[g]22 ykn *ila;* [h]24 ykn *hojjattan;* [i]5 ykn *qoommii;* [j]5 ykn *akka dansaa;* [k]5 ykn *hin dhugeeffatin;* [l]7 ykn *hojjataa*

dhaama; Maarqoosis dubriin Barnaabaas akkanuma nagaya isinii dhaama; waayee isaas ajajni, "yoo inni gara keessan dhufe isa simadhaa" jedhu isin gayeera. 11 Yesuus[m] inni Yoosxoos jedhamus akkasuma nagaya isinii dhaama; warra gadooman[n] keessaas kanneen na wajjiin mootummaa Waaqayyootiif hojjatan isaanuma qofa; isaanis jajjabeenna guddaa naa ta'aniiru. 12 Ephaafiraan inni garee keessan keessaa tokko ta'ee fi tajaajilaan Kiristoos Yesuusii nagaya isinii dhaama; innis akka isin fedhii Waaqayyoo maraan bilchaatoo fi guutuu taatanii jabaattanii dhaabattaniif yeroo mara kadhannaan isinii dadhabaa jira. 13 Ani akka inni isiniif, warra Lodooqiyaa fi Heraaphooliis jiraniifis hinaaffaa gaarii qabu dhugaa nan ba'aaf[o]. 14 Luqaas Ogeessichi fayyaa michuun[p] keenna jaalatamaanii fi Deemaas nagaya isinii dhaamu. 15 Obboleeyyan Lodooqiyaa jiranitti, akkasumas Niimfaa fi waldaa kiristaanaa tan mana isii jirtutti nagaya naa himaa.

16 Eegii xalayaan kun isinii dubbifamee booddee[q] akka waldaa kiristaana Lodooqiyaatti dubbifamu godhaa; isinis xalayaa Lodooqiyaadhaa ergamu dubbifadhaa.

17 Arkiphoosiinis, "hujii karaa Gooftaatiin sitti kenname sana akka xummurtuuf[r] jabaadhu" jedhaa.

18 Ani Phaawuloos xalayaa nagayaa kana harkuma kiyyaan barreesse; hidhamuu kiyya qaabadhaa; ayyaanni isinii waliin haa ta'uu.

[m]11 ykn *Hiikkaani tokko tokko Iyyaasuu jedha;* [n]11 ykn *dhagna qabatan/ qabaanqabaa qabatan;* [o]13 ykn *indhugeessaaf/nirageessaaf;* [p]14 ykn *jaalli;* [q]16 ykn *duubatti;* [r]17 ykn *fixxuuf*